Rabbiin jannataa fi ibidda yeroo uumetti Jibriiliin -nagaan isarra haa jiraatu

Abuu Hurayraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu-Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Rabbiin jannataa fi ibidda yeroo uumetti Jibriiliin -nagaan isarra haa jiraatu- gara jnnataatti ergee, akkas jedhe: gara isiitii fi gara waanan isii keessatti worra isiitiif qopheessee ilaali. isii ilaalee eegasii deebi'uun akkas jedhe: jabina keetiinan kakadha namni tokko isii dhag'ee isii seenu malee hin hafu. eegasii isitti ajajee waan jibbamaan marfamte, eegasii gara isii deemiitii isiidhaa fi gara waanan worra isiitiif isii keessatti qopheessee ilaali. gara isii ilaalee, yeroo inni argu isiin waan jibbamaan marfamtee jirti, eegasii ni jedhe: jabina keetiinan kakadha namni tokkoyyuu isii seenuu dhabuun dhugumatti sodaadhe. ni jedhe: deemi gara ibiddaa fi gara waanan worra isiitiif isii keessatti qopheessee ilaali. gara isii ilaalee yeroo jedhu isiin gariin isii garii isii yaabbata, eegasii deebi'uun akkas jedhe: jabina keetiinan kakadha namni tokkoyyuu isii hin seenu. eegasii isiitti ajajee feedhiiwwaniin marfamte, eegasii ni jedhe: gara isiitti deebi'ii isii ilaali. isii ilaalee yeroo jedhu dhugaatti fedhiiwwaniin marfamtee jirti, eegasii deebi'ee akkas jedhe: jabina keetiinan kakadha dhugaatti namni tokkoyyuu isii irraa akka hin baraaramnee fi isii seenu malee akka hin hafnen sodaadhe".

[hasani] [abuu daawud, tirmizii, nasa'iin odeessan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Rabbiin yeroo jannataa fi ibidda uumee ka'utti, IJibiriiliin akkas akka jedhe himani: gara jannataatti deemii isii ilaaali, gara isii ilaalee eegaasii deebi'ee, Jibriil ni jedhe: Rabbii koo hoo, jabina keetiinan kakadha, namni tokko isiidhaa fi waan isii keessa jiru qananiiwwan, waan gaarii fi toltuuwwan isii irraa argee isii seenuu jaallatu malee hin dhiisu, isii seenuuf jechas hojjatu malee hin hafu. Eegasii Rabbiin waan jibbamaa fi waan ulfaataa akka waan itti ajajaman hojjachuu fi waan irraa dhoorgaman irraa fagaachuutiin jannata marse; nama isii seenuu fedhe irratti waan jibbamtuu sana darbuun dirqama ta'a. Eegasii Rabbiin ol ta'e booda waan jibbamtuun jannata marseetii ni jedhe: yaa Jibriil! gara jannataa deemii isii ilaali, Deemee gara isii ilaalee, eegasii dhufuun akkas jedhe: Rabbii koo hoo, jabina keetiinan kakadha sababa waan ulfaataa fi waan jabaataa karaa isii irra jiruuf jecha namni tokkoyyuu isii seenuu dhabuun sodaadha. Akkasumas Rabbiin yeroo ibidda uumee jedhutti, ni jedhe: yaa jibriil! deemii gara isii ilaali, innis deemee gara isii ilaale, Eegasii jibriil dhufee ni jedhe: Rabbii koo hoo!, jabina keetiinan kakadha namni tokko azaaba, rakkoowwanii fi tuttuqaawwan isii keessa jiru dhaga'ee isii seenuu jibbuun sababoowwan isiitti nama geessan irraa fagaatu malee hin hafu. Eegasii Rabbiin ibidda fedhiiwwanii fi waan mimmi'aawaan marsee karaa isiitti geessus isiidhaan taasisee, eegasii ni jedhe: yaa Jibriil! deemii gara isii ilaali, Jibriilis deemee gara isii ilaalee, eegasii dhufee akkas jedhe: Rabbii koo hoo, jabina keetiinan kakadha dhugaan namni tokkoyyuu isii irraa bilisa akka hin baanee sodaadhee laphee baadheen jira; fedhiiwwanii fi

wanti mimmi'aawoon naannawa isii waan marsaniif jecha.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/65034